Latvia

# WAA'EE EURODAC WANTA BEEKUU QABDAN



AFAAN OROMO

## BARRUU KANA MAALIFAN FUDHADHA?

Daataan baayoomeetirikii keessan aangawootaan fudhatamuu waan qabuuf barruu kana argachaa jirtu



Daataa baayoomeetirikii jechuun ashaaraa qubaa fi suuraa keessan jechuudha.



Daataan kun odeeffannoo eenyummaa keessanii fi odeeffannoowwan barbaachisoo biroo waliin gara kuusdeetaa Eurodac tti ni darba.

Barruu kana keessatti yeroo adeemsa kanaa mirgi keessan fi wanti isin irraa eegamu ibsameera.

## EURODAC MAALI?

Eurodac kuusdeetaa Awurooppaa kan odeeffannoo gosoota namoota murtaa’oo biyyoota EU+ seenan kuusuu fi walbira qabuudha. Ramaddiiwwan kun BARRUU kana keessatti bal’inaan ibsamaniiru.

Kuusdeetaan kun biyyoota EU+ 31 kanneen daataa keessan adeemsisanii odeeffannoo keessan argachuu danda’aniin fayyadamama. Yoo eeyyama malee gara biyya EU+ biraa deemtanii fi daataa keessan deebi’ee fudhatame, daataa keessan kan Eurodac keessatti kuufame hundi aanga’oota biyya sanaatti ni mul’ata. Yeroo tokko tokko, daataa keessan gara odeeffannoo haaraatiin ni fooyya'a.

## BIYYOONNI EU+ ISAAN KAMI?

**Amma Latvia kan biyya  EU+ taate keessa jirtu.**
**Biyyoonni EU+ kan ta’an:**

- Biyyoota Miseensota Gamtaa Awurooppaa (EU) 27: Awustiriyaa, Beeljiyeem, Bulgaariyaa, Kirooshiyaa, Qoophiroos, Cheek, Deenmaark, Istooniyaa, Fiinlaand, Faransaay, Jarmanii, Giriik, Hangaarii, Xaaliyaan, Laativiyaa, Luutaaniyaa, Luugeembarg, Maaltaa, Neezerlaand, Poolaand, Poorchugaal, Rippaabilika Aayerlaandii, Roomaaniyaa, Isloovaakiyaa, Isloovaaniyaa, Ispeen, Siwiidin fi
- biyyoota biroo 4: Ayislaand, Lechtenistiyaan, Noorweey, Siwiizerlaand

## KAAYYOON EURODAC MAALI?

Eurodac kaayyoowwan gurguddoo shan qaba:

- biyyoonni EU+ iyyata eegumsa idil-addunyaa qorachuuf biyyi kam akka itti gaafatamummaa qabu akka murteessan gargaaruuf
- godaansa idilee fi sirrii hin taane gara biyyoota EU+ hordofuuf akka gargaaruuf
- aangawoota biyyootaa gidduutti odeeffannoo waliif qooduun yakkaa fi shororkeessummaa ittisuuf
- daa'imman Awurooppaa galan hordofamuu fi eegumsa argachuu akka danda'an mirkaneessuuf
- kuusdeetaawwan Awurooppaa biroo odeeffannoo gama akka viizaa of keessaa qaban sirritti akka hojjetan mirkaneessuuf.



## DAATAA EENYUUTU EURODAC KEESSATTI KUUFAMA?

Eurodac daataa namoota lammiilee biyya EU+ hin taane of keessatti qabata kunis kanneen:

- eegumsa idil-addunyaa argachuuf iyyatan
- eeyyama malee daangaa biyya EU+ tokkoo qaxxaamuran
- galaana irratti erga baraaramanii booda gara biyya EU+ seensifaman
- seeraan ala biyya EU+ keessa turan
- biyya EU+ keessa karaa sagantaa qubsuma Gamtaa Awurooppaa ykn galmee namoomaa ykn sagantaa qubsuma biyyaalessaa qaqqaban
- eegumsi yeroo kennameef.

## DAATAA KOO EENYUTU ARGUU DANDA'A?

Aangawoonni kooluugaltummaa biyyoolessaa biyya EU+ keessa jiran daataa baayoomeetirikii keessan fudhatanii, daataa barbaachisoo biroo waliin, gara Eurodac dabarsuudhaan firii walmadaalchisuu ni argatu.

Ejensiin Tumsa Seera Kabachiisuu Gamtaa Awurooppaa fi poolisiin biyyaalessaa kaayyoo yakka ciccimoo fi shororkeessummaa ittisuuf, adda baasuu fi qorachuuf Eurodac akka argatan gaafachuu ni danda'u. Isaanis daataa keessan Eurodac keessa barbaaduu danda'u.

**MURTEESSAA!** Aangawoonni biyya keessan keessa jiran odeeffannoo kana argachuu hin danda'an.

## ASHAARAA QUBAA KOO YOON KENNUU DIDE MAALTU TA'A?



Daataa baayoomeetirikii keessan kennuuf seeraan dirqama qabdu.

Sababoonni murteessoo ashaaraan qubaa keessan itti barbaachisuuf ni jiru. Yoo kooluugaltummaa gaafattanii jirtu ta'e, kun adeemsa keessatti tarkaanfii barbaachisaa dha.

Daataan ashaaraa qubaa miseensota maatii biyyoota EU+ keessatti argaman argachuufis gargaaruu danda'a.

Yoo fiixeen quba keessanii miidhameera ta'e gara fuulduraatti ashaaraan qubaa deebi'ee fudhatama.

Yoo itti yaaduun ashaaraa qubaa keessan miitan dhiibbaan hamaan ni jiraata.

Fakkeenyaaf, yoo iyyata kooluugaltummaa dhiyeessitan, adeemsi sun dhaabbachuu danda'a.

Dhimma keessan irratti adeemsi sun yoo dhaabbate, kana booda akka iyyataa (barbaadaa kooluugaltummaatti) hin ilaalamtan jechuudha. Mirgoota sadarkaa sanaan walqabatan hunda, ammaa fi gara fuulduraatti ni dhabdu.

Aangawoonni biyyoota EU+ daataa baayoomeetirikii keessan argachuuf dirqisiisuun akka mala dhumaatti fayyadamuu danda'u. Akkasumas, akka tarkaanfii dhumaatti, eenyummaa keessan murteessuuf ykn adda baasuuf isin to'achuu danda'u.

Daataa ashaaraa qubaa keessanii aangawoota biyya kanaatiif kennuu yoo diddan dhiibaan addaa dhufu ni jiraata.

## DAATAA EURODAC WALIIN WALQABATEE MIRGOONNI KOO MAALI?

Biyyi EU+ kamiyyuu aangAWAA itti fayyadama daataa to'atu qabdi. To'ataa daataa fi itti gaafatamaa eegumsa daataa qunnamuun daataa keessan kan Eurodac keessatti kuufame argachuuf gaafachuuf mirga qabdu.

Odeeffannoon keessan akka sirreeffamu yoo yaaddan gaafachuu dandeessu kunis yoo:

- dogoggorra ta'ee fi sirreeffamuu qabaate
- guutuu kan hin taanee fi haaromfamuu kan barbaadu yoo ta'e

Odeeffannoon keessan akka nutti haqamu yoo isinitti dhaga'ame gaafachuu dandeessu

- seeraan ala gara Eurodac yoo seene.

Odeeffannoo quunnamtii too'ataa daataa fi itti gaafatamaa eegumsa daataa fuula dhumaa barruu kanaa irratti mata duree '**odeeffannoowwan barbaachisoo biroo**' jedhuun argachuu dandeessu.

Yoo waa'ee qabachuu daataa keessanii komii sirnaa dhiyeessu barbaaddan, angawaa to'annoo biyyaalessaa qunnamuu dandeessu.

Odeeffannoo quunnamtii aangawaa to'annoo biyyaalessaa fuula dhumaa barruu kanaa irraa argachuu dandeessu.

# ODEEFFANNOOWWAN BARBAACHISOO BIROO

## ODEEFFANNOO QUNNAMTII WAAJJIRA TO'ANNOO DAATAA

Armaan gaditti odeeffannoo akkaataa waajjira to'ataa daataa fi itti gaafatamaa eegumsa daataa biyya kanaa qunnamuu dandeessan argachuu dandeessu.

To'ataan daataa waa'ee daataa dhuunfaa keessan keessaa kamtu Eurodac keessatti akka kuufame isin beeksisuu danda'a. Yoo daataa dhuunfaa keessan sirritti hin kuufamne ta'e, daataan kun akka sirreeffamu gaafachuu dandeessu.

Odeeffannoon keessan kamiyyuu seeraan ala akka qabame yoo isinitti dhaga'ame odeeffannoo quunnamtii armaan gadii fayyadamuun odeeffannoonichi akka haqamu gaafachuu dandeessu.

**Eegduu Daangaa Naannoo|** www.rs.gov.lv

**Waajjira Dhimma Lammummaa fi Immigireeshinii|** www.pmlp.gov.lv

## ODEEFFANNOO MIRGOOTA DHIMMA DAATAA IRRATTI

Biyya kana keessatti, itti fayyadama daataa dhuunfaa keessanii ilaalchisee mirga addaa armaan gadii qabdu.

**Odeeffannoo mirga nama daataa ilaallatu marsariitii To'ataa Mootummaa Daataa irraa argachuun ni danda'ama|** www.dvi.gov.lv

## ODEEFFANNOO QUUNNAMTII AANGAWOOTA TO'ANNOO BIYYOOLESSAA

Odeeffannoo armaan gadii fayyadamuun aangawoota to'annoo biyyoolessaa biyya kanaa qunnamuu dandeessu.

Daataan dhuunfaa keessan kamiyyuu seeraan ala akka qabame yoo isinitti dhaga'ame aangawoota to'annoo biyyaalessaaf komii sirnaa dhiyeessu dandeessu.

**To'ataa Mootummaa Daataa |** www.dvi.gov.lv

# YAADANNOO KOO

Barruun kun kaayyoo odeeffannoo qofaaf kan qophaa'edha. Ofii isaatii mirga ykn dirqama hin uumu. Ejensiin Koolugaltummaa Gamtaa Awurooppaa (EUAA) qaama ijoo meeshaa kanaa kan kenne yoo ta'u, barruu kana baay'isuu fi jijjiiruun Biyyoota Miseensota Gamtaa Awurooppaa qofaaf EUAA tiinn eeyyamameera. EUAA odeeffannoo barruu kana keessatti Biyya Miseensa Gamtaa Awurooppaatiin itti dabalaman sirrii ta'uu, qabiyyee, guutummaa, seera qabeessummaa ykn amanamummaa isaatiif itti gaafatamummaa hin fudhatu EUAA nis ta'e namni EUAA bakka bu'ee hojjetu kamiyyuu odeeffannoo barruu kana keessatti argamutti fayyadamuu danda'uuf itti gaafatamummaa hin qaban.

© Ejensii Koolugaltummaa Gamtaa Awurooppaa, 2025